Tukaana Ofirraa Yaa Ittisnu !

Hubanna Bu'uuraa Waa'ee Tukaanaa

- Tukaanni siree ilbisota xixxiqqoo hanaga sanyii poomii kan geessu dha. Tukaanni siree ga;eessi battee, geengoo fi biffa dimaa maagala kan qabudha. Ilmooleen tukaanni baay'ee xiqqoo fi arguun kan nama rakkisu dha.

- Tukaanni dhiiga namaa kan xuxuu fi otuu homaa hin nyaatin waggaa tokkoo ol taa'uu kan danda'u dha.

- Tuukanni yoroo namani hirribaa ka'uu ni dhokatu halkaan namni yeroo hirribaaf dhufu dammaquun nyaataaf qophaa'u. Tukanni qaama namatirra hin jiraatan.

- Namoonni tokko tokko yeroo tukanni nyaatu beekuu dhiisuu danda'u.

- Tokaanonni baa'yeen siree keessa hanga faana 8 keessatti argamu, yeroo wal horan garuu siree hundarra tamsa'uu malu. Tukaana iddoowwan armaan gadii keessatti arguu ni dandeessu.:
  - Boraatii, firaashii, holqa siree, fi siree keessa,
  - Dhohaa fi holqaa barcumaa keessa
  - Waraqaa dhaabaarraatti dhoobame manaa duuba
  - Duuba suuraa fi sa'aatii
  - Golgaa keessatti
  - Holqaa muka manaa
  - Afaa manaa jala
  - Duuba sookeettii elektirikaa

Odeeffannoo dabalataaf: sarara odeeffannoo tukaana siree qunnamaa:
612-624-2200, 1-855-644-2200
bedbugs@umn.edu, yookin laaluu www.bedbugs.umn.edu

Ogeessa To'ataa Tukaana Qacaruu

Tooftaan beekaman ittiin tukaana siree balleessan Ogeessa To'ataa Ilbiisotaa (OTI) kan "Exterminator" jedhamuun yeroo ba'ee waamamu qacaruudhaani. Tukaana ofuma kootina to'adha yoo jette fiixan ba'uu dhiisuu dandeessa. Yoo kubbaaniyyaa OTI dhiyeessu barbaadde, gatii salphaadhaan argachuun filannoo gaarii ta'uu dhiisuu mala.

Ogeessa To'ataa Ilbiisotaa Barbaaduu

1. Kutaa "Find a pro" jedhu toora interneeta www.pestworld.org,jedhu irra barbaadi, kun Dhaabatta To'annaa Ilbiisotaa Biyyoolessaati. Isa keessaa OTI naannoo kee keessatti hojjetu ni argatta.
2. Minnesota keessatti, OTI Muummee Qonnaa Minnesota (Minnesota Department of Agriculture /MDA/) jedhuun heeyyama argachuu isaa mirkaneeffadhu. Akkasumas, ilbiisota qonnaa to'achuudhaaf toora interneetii http://www2.mda.state.mn.us/webapp/lis/pestappdefault.jsp irratti kaampnaii heeyyama qaban ni argita.
3. Tartiiba phonebook Yellow Pages "Pest"; jedhu jalatti yaada fi ilaacha hiriyootaa fi olloota kee ni argatta.

Gaaffiwwan Ogeessa To'ataa Ilbiisotaatiif dhiyaachuu qaban:

Gargaarsa OTI yeroo barbaaddan gaaffiiwwan armaan gadii akka gaafatan ni gorfamtu:

- Muummee Qonnaa Minnesota (Minnesota Department of Agriculture /MDA/) tiin heeyyama argateettaa? Otuu hojiitti hin seeniin heeyyama isaa ilaali. Karaa biraa toora inteneetii muummee qonnaa irraa mirkaneeffadhu.
- Kaampaniin keessan inshuuraansii idea ni qabaa?
- Kaamnaiin keessan Dhaabatta To'annaa Ilbiisotaa Biyyoolessaa wajjin hidhannoo qabaa? (Dhaabatta To'annaa Ilbiisotaa Biyyoolessaa miseensota isaatiif adeemsa to'annaa ni qaba.)
- Waajiraa Better Business Bureau jedhu deemuun seenaa komii isarratti dhiyaate ilaali
- Kaampaniin kun hojii kana irratti muuxannoo hamammii qaba? Hojetoonni isaanii leenjii akkamii fudhachaa turanii? Sa'atii meeqaaf?
- Adeemsa to'annaa tukaanaa sadarkaa isaa eegate ni qabaa?

Kaampanii armaan gadii irraa of eegaa!

- **Heeyyama kan hin qabne**
- Tajaajila hin beeksifamnee fi konkolaataa hin beekamne
- Waliigaltee akka mallateesitan kan isin ariifachiisan
- Waa'ee kaampnii isaanii deebii quubsaa kan hin arganne
- Otuu tukaana hin sakatta'in meeshaa keessan kan gadi guuran

Tukaana Ofirraa Yaa Ittisnu !

- Turtiin inni to'annaa kanaaf taasisu hangami?
- Akka maamilaatti itti gaafatamummaan ati ilbiisota kana baleessuuf gargaaru qabdu maali?
- OTI kana erga tukaana kana balleessuuf hojjetee booddee deebi'ee dhufee isin ni ilaalaa? Kun immoo karoora isaa keessa ni jiraa?
- Yoo hoo'insatti fayyadama ta'e kaampaaniin kun meeshaa sana fi summuu ilbiisotaa kan biraa qabaa?
- Yeroo tukaana siree kana to'atan adeemsi ittin fayya ofii eegan ni jiraa?

Odeeffannoo Dabalataa

- To'annaan ilbiisotaa gaariin gosa sadii qaba: keemikaana mana jireenyatti biifamu yeroo murtaa'eef kan turu, hatattaman kan biifamu(keemikaalota tukaana sireeti biifaman), fii daakuu (iddoo tuttuqqaa namootaa irraa fagoo ta'anitti kan naqaman).

Odeeffaanoo irra deebi'uun ilaaluu

Yeroo kaampaanii ilbiisota too'atu filatte odeeffannoowwan armaan gadii hordofi:

- Maqaa Kaampaanii, teessoo, odeeffaannoo ittiin qunnaman
- Hojii xumuramuu qabu gadi fageenya ilaaluu
- Mala farra ilbiisotaa ittin baleessan hojiirra oolfamu
- Ajaja dursaa hojiirra olfamuu qabu yoo jiraate
- Guyyaa jalqabaa/xumuraa duuka bu'ummaa ilaali (yoo barbaachise)
- Heeyyamaa fi inshuuransii kaampaaniin sun galee jiru
- Haaldureewwaan, adeemsa waliigaltee diiguu fi adeemsa jaarsummaa inni hordifu.
- Waabii
- Gatii

Qorichoonni farra ilbiisotaa hojiirra ni oolu yoo ta'e, waa'ee qorichichaa kan ibsu (material safety data sheet /MSDS/) odeeffaannoo gaafadhu. Kaampaaniiwwan maqaa gaarii qaban odeeffannoo kana maamiltoota isaaniitiif ni dhiyeessu.

To'annaaf qophaa'uu

Guyyaa to'annaan fuuldura ajaja OTI kennamu hordofi. Ajajoota armaan gadii kana hordofuun to'annaa tukaana siree taasifnu keessatti iddoo guddaa qaba:

- Huccuu kee miiccuu fi siree siree afuu
- Meeshaa mana keessa facaasuu dhiisuu fi meeshaalee lafa irraa kaasuu
- Suphaa addaa addaa mana keef taasisuu
- Baldhinni mana kee akka beekamuuf minjaalaa fi teessoo kaasuu
- Minjaala, kuusaa meeshaalee fi huccuu duwwaa taasisuu
- Boraatii fi siree sisirreessu

Erga Ogeessi To'annaa Ilbiisotaa hojii isaa xumuree, kaampaanii sana dhimmaa addaa fi gaaffii yoo qabaatte irra deebi'ii dubbisi.

Kan fooyya'e, Caamsaa 15, 2014

Kan Qophaasse Amaliyaa Shindelalii fi Dr. Steefan Keellas 2011
Kan gargaarsi godhameef duula "Tukaana yaa Balleessinu" jedhuuf yoo ta'u, dhaabbileen gargaarsa taasisan immoo Egensii Ittisa Naannoo Yuunaytid Steetsi fi MDA dha. Dabalataanis Muummee Fayyaa Minnisootaa galateeffachuu barbaanna.

Akka seera namoota qaama hir'uu Ameerikaatti, odeeffannoowwan kun lakkoofsa bilbilaa 651/201-6000 kanaan yoo bilbiltan argachuu ni dandeessu. Namoonni TTY fayyadamtan immoo tajaajila Relay Miniisootaa karaa lakkoofsa bilbilaa 711 yookiin 1-800-627-3529 argachuu ni dandeessu.
Universitii Miinisootaa fi MDA dhaabilee carraa barnootaa fi hojii loogii malee kenanni dha.

MINNESOTA DEPARTMENT OF AGRICULTURE
www.mda.state.mn.us

UNIVERSITY OF MINNESOTA EXTENSION